# Amajjii 1, 2024 irraa eegalee hayyama yeroo dhukkubaa fi nageenyaa

## HAYYAMNI YEROO DHUKKUBAA FI NAGEENYAA MAALII?

Hayyamni yeroo dhukkubaa fi nageenyaa boqonnaa kaffaltii qabu kan hojjechiistonni hojjetoota Minnesota keessa jiraniif kennuu qaban, kunis yeroo hojjetaan tokko dhukkubsatu dabalatee, miseensa maatii dhukkubsatee kunuunsuuf ykn hojjetaan tokko ykn miseensi maatii isaanii miidhaan kan mana keessaa yoo isaan mudate gargaarsa gaafachuu fi itti fayyadamuu danda'uudha.



## EENYUTU GAHUMSA QABA?

Hojjetaan tokko hayyama dhukkubsataa fi nageenyaa argachuuf ulaagaa kan guutuu danda'an, yoo:

- Hojjechiisaa Minnesotaa keessa jiruuf waggaa tokko keessatti yoo xiqqaate sa'aatii 80 kan hojjetan ta'e; fi
- Kontiraaktera of-danda'e yoo hin taane.

Hojjetoonni kanneen dhaabbatoo hin taanee fi kanneen yeroo boqonnaa (part-time) hojjetan hayyama kan dhukkubsataa fi nageenyaa argachuuf ulaagaa guutuu qabu. Yoo waliigaltee gamtaa keessatti ulaagaalee kana irraa dhiifamuun sirrii ta'e kennames, ulaagaaleen hayyama dhukkubsataa fi nageenya qabu hojjetoota indaastirii gamoo fi ijaarsaa dhaabbata hojjettootaa daldala gamoo fi ijaarsaatiin bakka bu'an irratti raawwii hin qabaatan.

## HOJJETOONNI BOQONNAA HAGAMII ARGACHUU DANDA'U?

Hojjetaan tokko sa'aatii 30 hojjete hundaafuu hayyama yeroo dhukkubaa fi nageenyaa sa'aatii tokko kan argatu yoo ta'u, hojjechiisaan maallaqa kana caaluun yoo walii gale malee waggaatti sa'aatii 48 ol argachuu danda'a.

## HAYYAMNI BOQONNAA GATII AKKAMIITIIN KAFFALAMUU QABA?

Hayyamni yeroo dhukkubaa fi nageenyaa, hanga sa'aatii hojjetaan tokko yeroo hojjechaa jiru sanatti argatu waliin wal qixa madaalamee kaffalamuu qaba.

## HAYYAMNI BOQONNAA KUN FAYYADAMA AKKAMIITIIF OOLUU DANDA'A?

Hojjettoonni hayyama dhukkubaa fi nageenyaa isaanii kan fayyadaman sababoota kanneen akka:

- dhukkubbii sammuu ykn qaamaa, wal'aansa ykn kunuunsa ittisa fayyaa kan hojjetaa;
- dhukkubbii sammuu ykn qaamaa, wal'aansa ykn kunuunsa ittisa fayyaa kan miseensa maatii;
- sababa miidhaa mana keessaa, miidhaa saalaa ykn hordoffii hojjetaa ykn miseensa maatii irraan kan ka'e hojii irraa hafuu;
- sababa haala qilleensaa ykn balaa tasaa ummataatiin bakki hojii hojjetaa cufamuu ykn sababa haala qilleensaa ykn balaa ummataatiin mana barumsaa ykn bakki kunuunsaa miseensa maatii cufamuu; fi
- abbaan taayitaa fayyaa ykn ogeessa eegumsa fayyaatiin hojjetaan ykn miseensi maatii sun namoota kan biroo dhibee daddarbootiif akka saaxiluu danda'an yammuu ibsamu.

## MISEENSOOTA MAATII KAMIINFAA OFITTI HAAMATA?

Hojjettoonni hayyama dhukkubaa fi kan nageenyaa argatan miseensota maatii isaanii keessaa kanneen armaan gadiitiif fayyadamuu danda'u:

1. daa'ima isaanii, itti dabalataanis daa'ima guddifachaa, daa'ima ga'eessa, daa'ima hojjetaan kun guddisu kan seera qabeessa ta'e ykn daa'ima hojjetaan sun bakka warraa dhaabbatee/ttee guddifaman (legal ward) dabalatee;
2. hidhata gaa'elaa ykn hiriyaa mana isaanii kan galmeeffame;
3. obbolaa isaanii, obbolaa abbaa warraa ykn obbolaa guddifachaa isaanii;
4. yeroo hojjetaan tokko daa'ima umuriin isaa kan hin geenye turetti maatii isaa/ishii kan baayoloojikaal ta'e, guddifachaa ykn guddiftuu-seeraa isaanii, abbaa warraa isaanii ykn nama bakka warraa dhaabbate;
5. akaakayyuu/akkoo isaanii, akaakayyuu/akkoo guddiftuu ykn akaakayyuu/akkoo kan abbaa/haadha warraa isaanii;
6. akaakayyuu/akkoo isaanii ykn akaakayyuu/akkoo kan abbaa buddeenaa isaanii;
7. mucaa kan obboleessa hojjetaa/ttuu kanaa;
8. obbolaa warraa kan hojjetaa/ttuu kanaa;
9. mucaa abbaa/haadha warraa ykn obbolaa kan abbaa/haadha warraa;
10. miseensota maatii armaan olitti 1 hanga 9 keessatti tarreeffaman keessaa kan hidhata gaa'elaa kan hojjetaa ykn hiriyaa mana keessaa galmeeffame kamiyyuu;
11. nama dhuunfaa kan dhiigaan walitti dhufeenya qabu ykn walitti dhufeenya cimaa hojjetaa waliin qabu hariiroo maatii wajjin kan wal gitu kamiyyuu; fi
12. hanga nama dhuunfaa tokkoo kan waggaatti hojjetaan muudame.

— dabalataan —

# Amajjii 1, 2024 irraa eegalee hayyama yeroo dhukkubaa fi nageenyaa

## HOJJETOONNI ITTI GAAFATAMUMMAA HAYYAMA YEROO DHUKKUBAA FI NAGEENYAA CINATTI DABALATAAN MAAL QABU?

Hojjettoonni isaanii tokkoon tokkoon saa'atii 30 hojjetaniif boqonnaa kaffaltii qabaatu kan sa'aatii tokkoo kennuu bira darbee, yoo xiqqaate waggaatti hanga sa'aatii 48 yoo ta'u, hojjechiistota irraa kan eegamu:

- baay'ina waliigala hayyama kan yeroo dhukkubaa fi kan nageenyaa walitti qabamee fi kan itti fayyadamuuf argamu, akkasumas lakkoofsa waliigalaa hayyama dhukkubaa fi kan nageenyaa itti fayyadaman, ibsa galii hojjettootaaf xumura yeroo kaffaltii tokkoon tokkoon isaanii irratti kennamanis kan hammatu ta'a;
- hojjettoota hanga Amajjii 1, 2024tti ni beeksisa — ykn jalqaba hojii irratti, gara dhumaattis ta'u — Afaan Ingilizii fi afaan hojjetaa tokkoo isa jalqabaatiin yoo afaanni isaa Afaan Ingilizii hin taane, waa'ee hayyama dhukkubaa fi nageenyaa argachuun danda'amuu isaan beeksisuu; fi
- beeksisa hayyama dhukkubaa fi nageenyaa kitaaba qajeelfama hojjetaa keessatti hammachiisuu, yoo hojjechiisaan kitaaba qajeelfama hojjetaa kan qabu ta'e.

Kutaan Hojjetaa fi Industirii Minnesota beeksisa hojjetaa walfakkaatu kan hojjechiistonni itti fayyadamuu danda'an qopheessee afaanota shanan baay'inaan Minnesota keessatti dubbatamaniin akka dhiyaatu ni taasisa.

## SEERNA NAANNOO YEROO AMMAA KAN YEROO DHUKKUBAA FI NAGEENYAA

Sirnoonni naannoo kan yeroo dhukkubaa fi nageenyaa argatan magaalota Bloomington, Duluth, Minneapolis fi St. Paul, Minnesota keessatti duraanuu ni jiru. Seerri yeroo dhukkubaa fi nageenyaa guutummaa kutaa biyya Minnesotaa Amajjii 1, 2024 hojiirra oolu yeroo hojiirra oolfamutti, hojjechiistonni seera eegumsaa cimaa hojjettoota isaanii ilaallatu hordofuu qabu.



**Yeroo dhukkubaa**
Haala fayyaa qaamaa ykn sammuu, dhukkuba ykn miidhaa qaqqabeef



**Yeroo nageenyaa**
Miidhaa mana keessaa, miidhaa saalaa ykn hordoffii miidhaa saalaa taasisuuf

DEPARTMENT OF LABOR AND INDUSTRY

Labor Standards • 443 Lafayette Road N. • St. Paul, MN 55155
651-284-5075 • 800-342-5354 • dli.mn.gov • esst.dli@state.mn.us

Hubachiisa: Kun gabaabinaan cuunfaa seera Minnesota ti. Akka qajeelfamaatti kan yaadame yoo ta'u, hayyama boqonnaa dhukkubaa fi nageenyaa argamu ilaalchisee bakka bu'aa Seera Minnesota ta'ee fudhatamuu hin qabu.